LABSA WALHUBANNOO

Tumsa Adda Bilisummaa Oromoo (ABO) fi Tokkummaa Humnoota Bilisummaa Oromiyaa (THBO) jidduutti utubame ilaalchisee labsa walhubannoo dhaabota lamaan irraa ba'e

Kaayyoo fi galiin qabsoo Oromoo, mootummaa walaba dirmokraatawa republiika Oromiyaa ijaaruu ta'u irradeebinee addeessudhaan;

Kaayyoon waloodhaan qabnu, sirna bitta-kolonii jaarraa tokko oliif Oromoo gabroomsaa, qabeenya Oromiyaa saamaa, aada fi duudhaa saba Oromoo hacuucaa jiru diigu fi bilisummaa mijuu argamsiissu ta'u baruudhaan;

Tokkuummaan sabboontotaa, qabsoo finiinsuu, bilisummaa Oromoo fi walabummaa Oromiyaa shafisiisuf murteessaa ta'u hubatuudhaan;

Oromiyaa walaba taasisuuf kutannoo qabnu fi fedhii sabni Oromoo biliisa of baasuuf qabu qabsoo geggeessaa jiru waliin walbira qabnee madaaluudhaan;

Mootummaan Wayyaanee shoororkaa fi haala suukanneessaa saba Oromoo irrattii deemsisaa jiru xiinxaluudhaan;

Qabsoo bilisummaa dirree Oromiyaa keessattii dagaagsuuf murannoo dhaabni keenya lamaan qaban irratti irkannee walii-tumsudhaan hojjechuuf fedhii jiru hubatuudhaan;

Wareegama sabi Oromoo baasaa jiru fi injifannoolee hanga ammaa argaman kabajaa qabnuuf irraa ka'udhaan;

Dhaabbileen Oromoo waliif tumsu fi waliigalteedhaan hojjechuun kufaatii diina biyya keenya saamaa jiru shafisisu fi ummata Oromoo dandamachisuuf bu'a guddaa akka qabu beekuudhaan;

Tumsa THBO fi ABO dhawataan sadarkaa dhaaba tokkootti tarkaanfachisuuf hawwii guddaa gama lamaanu jiru hubachuudhaan;

Yeroo ammaa kana, qindoomina gara tokkuummaa dhaabattii geessu irratti waloodhaan hojjechuuf walhubannaa jiru irratti hundaawdhaan:

- Har'a irraa eegalee Tumsa ABO fi THBO labsine;
- Koree Qindeesituu Tumsa THBO fi ABO kan hojii Tumsi kun hojjatu mara sadarkaa hundattii hogganu utubne;
- Hojii qabsoo bilisummaa Oromiyaa finiinsuu asuma irraa calqabnee shafisaa fi qindoominaan waliin hojjachuuf murteessine;
- Waloodhaan hojjataa, gara caasaa dhaaba tokko diriirfatuu irratti akka tarkaaffanuuf waliifgale;
- Gurmuu qabsoo bilisummaa Oromoo humneessuuf, marii dhaabota Oromoo biroo waliin gaggeessudhaan mooraan qabsoo Oromoo akka dagaagu dhiibba dachaa gochuuf irratti waliif galle.

Oromiyaan ni bilisoomti!

Kan mallatteeffame: Fulbaana 11, 2016.

WWW.OROMOLIBERATIONFRONT.NET WWW.ULFO.ORG